# Talaalliiwwan Humneessituun Talaallii COVID-19 Maaliif Barbaachisu?

## BARREEFFAMA

[muuziqaa ce'umsaa]

[Seenessa]

Ittisni talaalliiwwan COVID-19 irraa argamu yeroo hammamiif sadarkaa ol-aanaadhaan akka ittisuqorattoonni fayyaa to'ataa ba'an.

Talaalliiwwan COVID-19 balaawwan dhibee hamaa, mana yaalaa seenuu fi du'uu xiqqeessuu irratti baay'ee bu'a-qabeeyyii ta'anii itti fufanii jiru, garuu ragaa haaraan akka agarsiisutti ittisni dheerina yeroo keessa gadi bu'aa adeema.

Akkuma talaalliiwwan hedduu dhaabbataadhaan kennaman biroo, talaalliiwwan COVID-19 yeroon akka deemeen ittisa sadarkaa ol-aanaa qabaatanii akka turaniif talaallii humneessituu isaan barbaachisa.

Yeroon akka gorsaatti kennamu kun talaalliiwwan humneessituun yeroo isaan ittisa guddisuu keessatti hunda caalaa bu'a-qabeeyyii ta'an qorannoo agarsiisu irratti hundaa'a.

Talaalliiwwan humneessituu irratti odeeffannoo haaraa argachuuf Kutaa Fayyaa Minnesota (MDH) hordofaa. Talaalliiwwan COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, gara health.mn.gov/covidvaccine deemaa.

[muuziqaa ce'umsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

10/6/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraan argachuuf, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989.*